# QAACCESSA ERGAA FIILMII EELAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA, CAALII GEETAHUUN WAYYEESSAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA ERGAA FIILMII EELAA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA, CAALII GEETAHUUN WAYYEESSAA**

**GORSITUUN, SIINQINESH ALAMUU(MA)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE**

# Axeerara

*Qorannoon Kun Qaaccessa Ergaa Fiilmii Eelaa irratti kan xiyyeeffateedha.Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa ergaa Fiilmii Eelaa qaaccessuudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf malli qorannoo dhimma itti ba'e mala qorannoo addeessaati. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkooffaadha. Meeshaan funaansa ragaa qorannoo kana gaggeessuuf dhimma itti baane ilaaluun, yaadannoo fayyadamuun Fiilmii Eelaa ilaalaa yaadannoo qabachuudha. Argannoon qorannoo kanaan argames, ergaan Fiilmii Eelaa hawaasaaf darbu kanneen akka diinagdee, Garaagarummaa ilaalchaa dhaloota gidduu jiru gama barnootatiiniifi gama qabeenyaatiin jiruufi dhimmoota hawaasummaati. Dhimmoota haawasumma kan jedhamanis, jaalala, jibba,kabaja, walgargaarsa, xiinsammuufi eenyummaa faadha. Boqonnaa shan keessatti immoo cuunfaa argannoofi yaada furmaataa/yaboo qabee dhiyaate.*

# Galata

Waanta hundumaa dursee bu'aa bayii hundumaa keessa nabaasuun rakkoo hundumaa nadandeessisee kan asiin naga'ee qorannoo kanas akkan geggeessee galmaan ga'uf kan nagargaare Waaqayyoo uummaa galanni guddaa naaf haga'u. Inni biraan qarshiifi hamilee hundumaan nabira dhaabachaa, nagargaara kan turaniifi jiran abbaakofi haadha kiyya onnee kiyyarraa galateeffachuu barbaada. Itti aansuun tuffii tokko male naamusa gaariin nasimachaa akkan qorannoo kana geggeesuun galmaan ga'uf kan najajjabeessaa naqajeelchaa asiin nageesse barsiistuufi gorsituuko Bar. Siinqinnesh Alamuu onnee kiyyarraan galateeffadha.

# Baafata

Qabiyyee Fuula


Axeerara ... i

Galata ... ii

Baafata ... iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ... 3

1.3 Kaayyoo Qorannichaa ... 4

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ... 4

1.3.2 Kaayyoo gooree ... 4

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5

1.5 Daangaa Qorannichaa ... 5

1.6 Hanqina Qorannichaa ... 5

BOQONNAA LAMA ... 7

2. SAKATTA'A BARRUU ... 7

2.1. Ogumaa ... 7

2.2 Maalummaa Ogbarruu ... 8

2.3 Faayidaa Ogbarruu ... 9

2.4.Maalummaa Fiilmii ... 9

2.5 Caacculee Fiilmii ... 10

2.5.1 Seenaa ... 10

2.5.2. Sabseenaa ... 11

2.5.3. Namfakkii ... 11

2.5.4 Waldiddaa ... 12

2.5.5 Yoomessa ... 12

2.5.6 Ergaa ... 12

2.6. SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII .......... 13
BOQONNAA SADII: MALAAWWAN QORANNICHAA .......... 15
3.1 Saxaxa Qorannichaa .......... 15
3.2 Madda Ragaalee .......... 15
3.3 Mala Iddattoofi Iddatteessuu .......... 15
3.3.1 Mala Iddattoo .......... 15
3.3.2 Mala Iddatteessuu .......... 15
3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee .......... 16
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee .......... 16
BOQONNAA AFUR .......... 17
4 DHIYEESSAFI QAACCESSA RAGAALEE .......... 17
Seenaa Fiilmii Eelaa gabaabinaan .......... 17
4.1. Ergaa Hawaasummaan Walqabate .......... 17
4.1.1 Ergaa Xiinsammuun Walqabaate .......... 19
4.1.2 Ergaa Eenyummaan Walqabate .......... 19
4.1.3 Ergaa Jaalalaan Walqabate .......... 20
4.2 Ergaa Diinagdeen Walqabate .......... 20
4.3. Garaagarummaa Ilaalchaa Dhalootta Gidduu jiru .......... 21
4.3.1. Garaagarummaa Ilaalchaa Dhaloota Gidduu Jiru Gama Barnootaan .......... 21
4.3.2 Garaagarummaa Ilaalchaa Gidduu Jiru Gama Qabeenyaan .......... 22
BOQONNAA SHAN .......... 23
CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO .......... 23
5.1. Cuunfaa .......... 23
5.2 Argannoo .......... 24
5.3 Yaboo .......... 25
Wabiilee

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Addunyaan yeroo ammaa kana kan kanarra ga'uu dandeesse bu'aa barnoota yookaan qorannootini. Kanaaf barnoonni yookaan qorannoon guddinaafi jireenya ammayyaawwaa addunyaa kanaaf murteessa akkuma ta'e, jiruu-jireenya dhala namaa guyyaa guyyaan geggeeffamu keessattis murteessa akka ta'e beekun barbaachisaadha. Kanaaf faayidaan barnoota yookaan qorannoo kana jedhame daangessuun waan danda'amu miti yookaan hiika isaa xiqqeessuu ta'a. Kanaaf qorannoon faayidaa hedduu, hanga kana hinjedhamne qaba.

Og-barruudhaaf hiikaa dhaabbataan tokko kennameefii hinjiru. Sababni isaas, ogbarruun umurii dheeraa qabaachuu, kaloo bal'aa qabaachuu isaafi kan kana fakkaatudha. Asafaa, (2009:17) yaada kana yoo ibsu

''.....yaadrimeen og-barruu bal'aa ta'uu, umuriidhaanis dheeraa ta'uuf xiyyeeffannoon isaas jiruuf jireenya uummataa ta'uun isaa og -barruun hiika adda addaa akka qabaatu taasiseera,''jedha.

Kana malees, hayyoonni adda addaa akka hubannoo isaanitti og- barruuf hiika addaa adddaa kennuu isaaniiti. Hubannoon kunis og-barruu akka waan barreffama maraatti yoo ta'u, inni kan biraa immoo og-barruu akka barreeffama muraasaatti ilaalu, Misgaanuu, ( 2012) akka ibsetti hiika og-barruu irratti akkuma hayyoonni walii hingaliin ilaalcha og-barruu irratti waliif hin galle.

Haa ta'u malee, og- barruun hiikaa dhaabbataa tokko qabaachuu baatus dhala namaa wajjin walitti dhufeenya cimaa qaba. Kunis dhalli namaa og-barruutti fayyadamee waan keessa isaa jiruufi itti dhaga'ame karaa ittiin baasee ibsatudha. Yaada kanaan wal qabsiisuun Asafaan, (2009:21-22) og-barruu yoo ibsu,

Og-barruun ogummaa kalaqa waa uumuu ta'ee kan muuxannoo jiruu- jireenya keenya haqa irratti ittiin yayyabnu/bu'uuressinuufi, ammoo, akka qaabatamutti( comprehended), midhaagsineefi faayinee ittiin ibsinu. Og-barruun mala ittiin waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinu, waan ammoo beekumsa ilmaan namaatti waa cobu tokko ittiin walii galaafnu.

Yaada kana irraa kan hubbannu og-barruun dandeettii waa uumuu ilma namaa yookaan kalaqqii sammuu ilma namaa ta'ee dhugaa hawaasa keessaa jiru bu'uura godhachuun dhugaa hawaasicha keessa jiru sana miidhaksuufi kalaqqii sammuu keenyaan jajjabeessuun dhugummaa isaa qabatamaatti kan agarsiisnudha.

Og-barruun jiruu- jireenya hawaasa tokko bu'aa bayii jireenya keessatti hawaasicha mudatan gaariis ta'u gadhee, ciminas haa ta'u, dadhabina akkasumas, yaaduma kanarratti Wasanee, (2008:176) akka ibsetti, "ogbarruun aadaa hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsu, darbaa dabarsaa duudhaa, amantii falaasamaa, haala jiruufi jireenya haawaasichaa ta'uu isaati. Og-barruun daaawwitii hawaasa tokkoofi kan hawaasni keessatti ofilaaludha." Calaqqisiistuu eenyaummaati. Hawaasa tokko irratti maaltu akka raawwatameefi isaaf raawwataame deebisee dhalootatti kan himu og-barruudha. Dhaloonni og-barruu irraa seenaa yaadata. Maalummaa hawaasa darbee dhaloonni og-barruu irraa hubata. Misgaanuu, (2012:8) yaada kana yoo ibsu, "Og-barruun bu'aa bayii hawaasni tokko keessa darbe galmeessee kaa'a'',jedha. Kana jechuunis dhaloota dhalootatti daddarbaa deemu isaa kan agarsiisuudha. Kunis dhaloonni kaleessa maal akka ta'an kan ibsu, hamaa irraa balaaleffachuu, gaarii itti fufsiisuudha.

Og-barruun ibsituu saba tokkooti. Sabni kamuu kan ittin ibsamu og-barruu isaatiini. Sabni seenaa mataa isaa qaba.Seenaan sabichaa immoo og-barruudhaan ibsama. Seenaan sabichi keessa darbe kan isaarrattis raawwatame og barruudhaan kan inni yaadatamu. Kanaaf og-barruun ibsituufi yaadachiistuu seenaa darbee waan ta'eef , seenaan sabichaa immoo og - barruudhaan ibsama. Seenaan sabichi keessa darbe kan isaa akka itti raawwatame og-barruu dhaan kan inni yaadatamu. Kanaaf, og-barruun ibsituufi yaadachiistuu seenaa darbee waan ta'eef daawwiitiidha. Daawwiitii hawaasni keessatti of ilaaluun waan darbe keessaa kan gaarii ta'etti gammaduun kan badaa ta'e immoo itti gadduun kan dhaabbatee keessatti of ilaaludha. Fedhasaa, (2023:7) yaada kana yoo ibsu,Ogbarruun kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee ogummaafi dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenyaa akkasumas, dhageettii keessa ofii gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsataniidha,'' jedha.

Walumaagalatti,og-barruun ogummaa kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee aadaa,duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenya hawaasa tokko baasee kan calaqqisiisudha.

Ogbarruun Kunis haala dhiyaannaa isaa irratti hundaa’uun og-barruun bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis: Ogbarruu barreffamaa (ogbarreeffama)fi Og-afaan (afoola). Tafarii (2008) yaada kana yoo ibsu,’’Literature exist intwo major forms. These are; oral literature and written literature,’’jedha. Ammas Fedhasaan, (2013:29) og-barruu yoo ibsu, ‘’ Bifa ittiin dhiyaatu irratti hundaa’uun bakka gurguddaa lamatti qooduu dandeenya . Isaanis: og barruu afoolaafi og barruu barreffamaati’’ jedha . Asafaan (2009) immoo Ogbaarruu isa jedhu oguma jechuun hiikani, innis; afoolaafi ogbarruudha jedhan.

Og-barruu barreffamaa kanneen jedhaman kalaqa sammuu ilma namaa barreffamaan taa’anidha. Fedhasaa(2013:30) yaada kana akka ibsetti ogbarruu baarreeffamaa kan jedhamu kalaqa sammuu ilma namaa ta’ee kan waraqaa irratti katabamuun dubbistootaaf deebi’ee dhiyaatudha. Og-barruu barreeffamaa kanneen jedhaman immoo asoosama, fiilmii, walaloo fi diraamaa dha.

**1.2 Ka’umsa Qorannichaa**

Qorannoon tokko kan geggeefamu callisee osoo hintaane waan sababa godhatee ka'u qaba. Kunis karaalee garaagaraatini fakkeenyaaf barnoota idilee( Acadamic study) keessatti qorannoon geggeeffamuuf kan Ka'umsa ta'aniif sadarkaa barnoota isaanii ittii guddifachuudha. Garuu akaadamiin qorannoo akka geggeesaniif ha ejeju male, waan irratti geggeesanu abbatu filata kunis seeruma qorannooti jedhama. Seerri kunis kaninni akkas ta'uu danda'eef qorannoo bareedaafi ga'aa ta'e akka dhiyaatuufidha. Kana irrattis yeroo mataduree filattu waantoota kanneen bu'uura gadhadhu jedhu; fedhii qabaachu, qorannoo sana hojjechuu nan danda'a, qorannoon kun waa buusu qaba, matadureen kana irratti madda ragaa ga'aa nan argadha, matadureen kun haaraadha,fi waantoota kana fakkatan ilaaluun murteessaadha jedha hayyuun Suspens jedhamu

Og-barruun Oromoo yeroo dhiyoo as bifa barreeffamaan mul’achuu erga eegalee haalaan babal’achaa jira. Ogbarruu barreeffamaa kanneen jedhamanis kanneen akka diraamaa, fiilmiifi asoosamaadha. Ogbarruu barreeffamaa keessaa kan akka asoosamaa irratti qorannoon gaggeeffamee jira. Haata’u malee amman qorannoo garaagaraa sakatta'etti qorannoon fiilmii Afaan Oromoo irratti gaggeeffame hinjiru. Anis kana irraa ka’uun fiilmii afaan Oromoon qophaa’an keessaa Fiilmii Eelaa filaachuun ergaa isaa irratti qorannoo akkan gaggeessuuf kan na kakaase. Dabalataanis Fiilmiiwwan afaan Oromoon qophaaanii hawaasaaf darban keessaa

Fiilmiin Eelaa fiilmii dheeraafi hawaasa Oromoo biratti fudhatama guddaa argatee jira. Anis kanumarraa ka’uun Fiilmii Eelaa filachuun caacculee isaa keessaa ergaa isaa qaaccesseera

Kanaaf qorannoon kun gaaffiileewwan armaan gaditti dhiyaataniif deebii ni kenna jedhameetu amanama.

-Ergaan Fiilmii Eelaa garaagarummaa ilaalcha dhaloota gidduu jiru akkamiin agarsiisia?

-Fiilmii Eelaa keessatti ergaan hawaasummaa akkamiin ibsame?

-Fiilmii Eelaa keessatti ergaan diinagdee akkamiin ibsame?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko kaayyoo dhiyaatuuf qaba. Akka walii galaatti kaayyoon qorannoo kanaa caacculee Fiilmii Eelaa keessaa ergaa qaaccessuudha Kaayyoon kun immoo kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti qoodamu.

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo yookaan kaayyoon walii galaa qorannoo kanaa Qaaccessa ergaa Fiilmii Eelaa yemmuu ta'u.

#### 1.3.2 Kaayyoo gooree

Kaayyoon gooree yookaan murt'aan qorannoo kanaa immoo kannneen armaan gaditti eeraman kana;

- Fiilmii Eelaa keessatti ergaa hawaasummaan walqabate qaaccessuu.

- Fiilmii Eelaa keessatti ergaa diinagdeen walqabate qaaccessuu.

- Ergaan Fiilmii Eelaa garaagarummaa ilaalchaa gama dhalootaatiin jiru qaaccessuu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu faayidaa garaagaraa qaba. Fakkeenyaaf rakkoo tokkoof fala barbaadu, rakkoo adda baasuun ibsuu, beekumsa dabaluu yookaan adeemsa wanta beeknurraallee gara wanta hinbeekneetti taasifamuufi waantoota kana fakkaatan.

Qorannoon kunis kan adeemsifamu faayidaa malee miti jedhee amana qorataan. Faayidaawwan qorannoon kun nikenna jedhee yaade qorataan kanneen armaan gadiiti;

-Namoota gara fulduraatti dhimma mata duree kanaan walitti dhufeenya qabu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif qorannoo kana yoo argatanii dubbisan akka wabiitti itti fayyadamu.

-Namoota waa'ee Fiilmii barreessuu barbaadaniif qorannoo kana argatanii yoo dubbisan akka madda ragaatti gargaaruu danda'a.

-Namoota ergaa Fiilmii Eelaa hinhubatiiniif qorannoo kana yoo dubbisan ergaa fiilmicha keessatti darbu gadifageenyaan ni hubatu.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Hojii tokko hojjechuuf daangaa itti gochuun waan hedduuf nama barbaachisa. Fakkeenya muraasa yoon kaase, dhimma keenya beekne irratti xiyyeeffachuuf, waan nan(nun) ilaallanne adda baasuun dhiisuuf warreen jedhaman isaan muraasa. Qorannoon kunis daangaa kan qabuudha yookaan kan daangeffameedha. Daangaan qorannoo kanaas gosa ogumaa (literature) jiran keessaa ogummaa barreeffamaa yookaan Ogbarruu irratti yoo ta'u, ogummaa barreeffamaa( Ogbarruu) keessaa immoo Fiilmii afaan oromoo Eelaa jedhu irratti kan xiyyeeffateedha. Caacculee fiilmii warreen jedhaman keessaas ergaa isaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffateedha.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu hanqinni nama mudachuun isaa kan oolu miti. Keessattu yeroon kun akkuma beekamu yeroo dhibeen koronaa Addunyaa weeraree, wanta hunda haala duraarraa jijjiirsisee jiruudha. Hubaatiisa kana keessattis sirna baruufi barsiisuu irratti dhiibbaa hedduu geesiseera. Nutis yookaan Biyyi kunis kanumaan walqabatee yeroon keenya yookaan barnootaa hedduu gabaabbateera.

Kanaaf hanqinoonni qorannoo kana keessatti namudatan kanneen akka qorataa tokkootti kanneen armaan gadii kana.

Hanqinni namudate inni duraa haqina gabaabina yeroo, hanqina maallaqaa, hanqina kitaabolee barruu yaadrimeefi barruu walfakkii hedduun namudataniiru.

Kanas tooftaa garaagaraa fayyadamuun hanqina yeroo, yerooko boqonnaa malee dabarsuun, hanqina mallaqaa immoo maatiifi hiriyoota koo irraa fudhachuun, kitaabilee garii ergifachuun garii immoo bituun, barruu walfakkii immoo kaneenuma mataduree kanaan walitti siqeenya qaban sakatta'uun qorannoo kana geggeeseera/ galmaan ga'eera.

# BOQONNAA LAMA

# 2. SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Ogumaa

Ogumni kalaqaa ila namaa kan hawaasni ittiin falaasama, haala jiruu jireenya hunda kuulee miidhagsee ittii waliif dabarsuudha. Yaada kana ilaalchisee Fedhesaan (2019:92) yoo ibsu, "Ogbarruun galmee jiruufi jireenyaa ilmoo namaa kan namoota hubannoo, beekumsa, muuxannoofi sadarkaa adda addaa qabaniiti," jedha. Ogumni kunis umurii dheeraa qaba. Dhalli namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hinjalqabiin og-afaan (oral literature) yookaan afoolaan, fakkii fi bocaan yaada ofii ibsachaa ture. Kanarraa kan ka’e, umuriin ogumaa umurii afaaniitiin walqixa jedhamee tilmaamama. Umurii kana keessatti ogumaafi hiikaa adda addaatu kennamaa ture. Asafaa (2009:20) yommuu ibsu;

Ogumni ( wisdom) waa’ee jiruu-jireenyaa(finna) dhala-namaa ta’ee, namootaan qindeeffamee namootaaf dhihaata. Kun immoo namoonni hojjaafi qo’annoo adda addaa irraa hiriiran akka hubannoo isaanitti hiikkaa adda addaa ogumaaf akka kennan taasisee jira, (Asafaa, 2009:20).

Namoonni kamiyyuu ogumaaf hiikkaa addaa addaa haa kennaan malee seenaan ogumaa yaada namootaan ol illee kanta’udha. Sababni isaas ogumni umurin isaa umurii afaaniin waan tilmaamamuuf jechuudha.

Ammas itti dabaluunn Asafaa kitaaba isaa Eela jedhu keessatti yommuu kaa’u, Hiikawwan hunda as keessatti tarreessinee kaa’uu hindandeenyu, yaada qo’attoonni oguma irratti qaban keessa Ibsan kan oguma uume yookiin oguma kalaqa, oguma isa barreeffamaan dhihaatu yookiin og barruu addaan qooduun kaa’a.(Isuma:21)

Kanaaf hiika tokko tokkoon ilaaluun waan hindanda'amnef kan hundi ittiin walfakkaatan yoo ilaalle; og-barruun muuxannoo ilmaan namaa ta'uu isaa, jechaan ibsamuu isaa, geggeeddaramuufi fooyya'uu isaa, waan kalaqaa tahuu isaati,(Isuma

Gabaabumatti akka yaada hayyuu kanaatti ogumni hiikkaa daanga’aafi gabaabaa ta’e akka hinqabneefi umuriin isaas dheeraa akkuma ta’e hiikkaan isaas bal’aa ta’uusaa kan ibsuudha.

Akkasumas, ogumni (literature)n og-barruu barreeffama/ Ogbarruu (written literature)fi og-afaan/afoola( oral literature) kan of jalatti hammatudha.

## 2.2 Maalummaa Ogbarruu

Maalummaa og-barruu ilaalchisee hiikni walfakkaataan og-barruuf laatame hinjiru. Yaada kanaan kan wal qabatu Fedhasaan , 2013:3) yoo ibsu, "Ogbarruun hiikaa adda addaa qaba. Kunis ilaalcha beektonni madda jecha sanaaaf qaban irraa burqe. Jechi og barruu jedhu kunis hiikuma sana qabatee gara barreeffama kalaqa Oromoo seene," jedha

Yaada kanarraa kan hubatamu, jechi ogbarruu jedhu jecha afaan ingilizii "literature" jedhu irraa kallattumaan gara afaan Oromootti kan hiikame ta'uufi og barruun waan barreeffamaan jiru qofaatti akka daanga'u taasisuusaati kan jedhuudha.

Ogbarruun waa'ee namaa ta'ee namootaan qindaa'ee namootaaf kan dhiyaatu ta'uusaati. Og -barruun waa'ee namaa ta'uun isaa hayyoonni dirreewwan qorannoo adda addaa keessatti argaman og barruuf hiika kallattii adda addaan akka kennan isaan taasiseera. Hayyuuleen ogbarruu mataa isaaniitiin akkaataa isaaniif mijatetti hiika waan itti kennaniifidha.Kana jechuun hayyoonni yaada walii fudhachuuf qophii ta'uu dhabuudhaan wal qabata. Hayyoota keessaa tokko kan ta'e, Fedhesaan, (2019:92) irratti yommuu ibsu,

Sababni hayyoonni warri dhimma og barruuf hiika walfakkaataa kennuu dadhabbiif og barruun jiruuf jireenya dhala namaan kan wal qabate hunda waan ibsuuf og barruu kana jechuun hiika walfakkaatu kennuufiin akka hin danda'amnedha (Isuma:13) jedhuun ka'a.

Kanaafuu, hayyoonni hiikkaa walfakkaataa dhabuu ogbarruu ibsanii kan dhiisan osoo hin taane, waan itti fakkaateefi akka hubannoo isaaniitti waan jedhan qabu. Asafaan waa'ee ogbarruu yoo ibsu, "ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee jechoota filatamaadhaan yaada barbaadan afaaniinis ta'e barreffaman mi'eessee yookaan miidhagsee dabarsa. Kanaafuu,waan barreeffamus waan himamus ni dabalata'' (Asafaa, 2009:22).

Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu, kan afaaniinis ta'e barreeffamaan yaada barbaadan karaa miidhagina qabuun jechuun jechoota filatamootti fayyadamuun kan ittiin ergaa dabarfatan ogbarruu jedhamuu isaati yaada jedhu kan of keessaa qabuudha.

Hiika ogbarruu irraatti Fedhesaan, 2019:92) ammas,"ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa barreeffamaan jiru hunda haammata. Garuu ogbarruun waan barreeffamee jiru hunda osoo hintaane, waan kalaqa sammuu dabalatu qofa" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu ogabrruun waanuma kalaqa ilma namaa barreeffamaafi afaaniin ta'e kan miidhagina qabuudha.

## 2.3 Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun faayidaa hedduu hagana hinjedhamne qaba. Faayidaawwan isaa keessa muraasa yoo kaafne Odeeffannoo adda addaaa, beekumsa, gaammachuu, gaddaafi jaalala kan of keessatti hammatudha .Yaada kana Fedhasaa(2013:29) yoo ibsu, ‘’Og barruun faayidaa adda addaa dhala namaatiif kenna. Kanneen keessaa muraasni sammuu gabbisuu, bashannansiisuu, eenyummaa hubachiisuufi barsiisuudha,’’ jedha. hayyuu kanaarraa wanti hubatamu ogbarruun hunda galeessa hojii dhala namaa mara kan of keessatti qabatu ta’uu isaati. Dabalataanis waa’ee namaan kan wal qabate hunda keessa galee tajaajiluu danda’uu og barruu kan mul’isudha.

Kana malees faayidaan og-barruu waan hedduudha afaan aadaa, duudhaa, safuu barsiisuu. Akkasuma sammuu dammaqsuu, hamaa balaalleffachiisuu, tooftaa garaagaraa, miira ibsachuu, waantoota gaarii jajjabeessuufi waan kana fakkaatan jechuun nidanda'ama.

## 2.4.Maalummaa Fiilmii

Hawaasni oguma qabu tokko jiruufi jireenya isaa keessatti muuxannoo yeroo dheeraa booda kan argate yookaan uummatedha. Ogumni hunduu adeemsa jireenya salphaa fi tasgabbiin guutamee, kan nama gammachiisuufi nagaa qabeessa gochuuf kan fuulleffateedha. Ogumni kun immoo faayidaa hedduu kan ofkeessaa qabudha. Kanaafuu, fiilmiin gosa ogbarruu keessaa tokko kan ta’eefi hojii kalaqaa yookiin ogummaa ilma namaa ta’ee hojjetamuun hawaasaaf kan dhihaatudha.Fiilmiin haala jiruufi jireenyaa hawaasa tokkoo sammuu barreessaan kalaqamee taatota itti uumee daawwattootaaf kan dhihaatudha. kanaaf fiilmiin tooftaa jiruufi jiireenyaa karaa ittiin ibsatan jechuudha.

Sabni Oromoo yeroo dhihoo as kan inni sirna barreffama mataa isaa hojjechuun itti fayyadamuu eegale.Maalummaafi umuriin fiilmiis akkuma og-barruu biroo seenaa afaan oromoo keessatti xiqqaa fi yeroo dhihoo eegaluu isaati .Fiilmiin aartii tiyaateraa gidduu isaatti wal qunnamtii yookiin walii galtee cimaan argamudha.Waliigalteen kun immoo karaalee bakka bu’insaa fi

akkeessa amala dhala namaatiin argama.Akkasumas,kka tapha ijoolleen haadhaa fi abbaa ta'anii uumanii taphataniitti ilaalama.

Fiilmiin og-barruu barreffamaa keessaa tokko ta'ee beekumsaa fi muuxannoo dhala namaa , jiruu fi jireenya dhala namaa keessatti dhalootaa kaasee hanga du'aatti kan jiru bal'inaan kan ibsudha.Kunis wanta addunyaa dhugaa keessatti dalagamuufi jireenya ilma namaa keessatti mudateefi mudachuu danda'u kan agarsiisudha.

Taatonni addunyaa fiilmii keessatti akkuma namoonni addunyaa dhugaa keessatti waan jiruu fi jireenya isaanii keessatti wantoota hedduu isa qunamuufi mudatudha. Misgaanuu (2012) yaada kana yoo ibsu, " Qooddataa ilaalchisee amantaa , aadaa , akkasumas, jiruufi jireenya hawaasa bara sanaafi fiilmii sana irratti hundeeffame calaqqisiisuun ergaa dabarsuudha.," jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti qooddataan addunyaa fiilmii keessatti dhugaa hawaasa keessa jiru tokko ka'umsa godhachuudhaan gochaafi yaada mataa isaa haala dhugaa mul'isuu danda'uun kan ergaa qabatamaa hawaasa keessa jiru dabarsuu qabanidha.

## 2.5 Caacculee Fiilmii

Caacculee Fiilmii jechuun adeemsa seenaan fiilmii yookaan diraamaa tokko keessatti uumamu yookaan qaama ijaarsa isaa jechuudha. Waa'ee caacculee Fiilmii yookaan diraamaa ilaalchisee hayyoonni yaada garaagaraa kennaniiru yookaan bakka garaagaraatti qoodu. Fakkeenyaaf Aristotle akka jedhutti diraamaan Caacculee ja'a irraa ijaarama. Isaanis; jaargocha, namfakkii,waliin dubbii(dialogue), muuziqaa, agarsiusaafi eeggadha. Akka JMmanly ibsutti immoo seenaa, gochaa(action) fi taatoti Caacculee diraamaati. Fedhesaan immoo jaargocha, yoomessa,taatota, waliin dubbii, fi ergaadha. Misgaanuun immoo Caacculewwaan kunneenis kanneen akka seenaa, sabseenaa, namfakkii, waaldiddaa , yoomessaafi ergaatti qoode. Mee tokko tokkoo isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

### 2.5.1 Seenaa

Fiilmiin tokko seenaa ta'e tokko irratti bu'uureffama.Kana jechuunis seenaan fiilmii tokkoof bu'uura jechuudha.Kanaafuu, seenaan caacculee fiilmii keessaa kan hafuu hindandeenyedha. Namni fiilmii barreessu tokko waa'ee fiilmichaa jalqaba kanatu ta'a , itti aansuun immoo kanatu raawwata achiin booda immoo dhumarratti kanatu raawatama jechuun iskiriiptii isaa

barreessee kan kaa'udha. Misgaanuu, (2012:10) yaada kana yoo ibsu''Fiilmii tokko keessatti seenaan handhuura Fiilmichaa waan ta'eef keessaa hafuu hin danda'u''jedha. Kana jechuun seenaan Fiilmii keessaa yoo hafe fiilmichi fudhatama kan hin qabneefi gahumsa kan hin qabne ta'uu isaa ibsa.

### 2.5.2. Sabseenaa

Sabseenaan walitti hidhaminsa raawwilee sababa quubsaa irratti hundaa'anii yookiin ijaarsa gochaa kanneen sababaafi bu'aa qabaniiti. Yaada kana Melakneh,(2006:31) yoo ibsu,''Plot has been defiend as the sequence of incidents events of which story is composed''.Kana jechuun sabseenaan isa duubaafi kan fulduraa akkaataa walitti hidhuu danda'uutiin kan ijaaramu jechuudha.Kana malees,duraa duubummaa ta'iinsa tokkooti jechuudha.

### 2.5.3. Namfakkii

Namfakkiin yeroo baay'ee fiilmii keesaaati taatota jedhamanii beekamu qooddattoota, namuumees nijedhamu sanas ta'u kana jechi kun jecha afaan ingilizii 'character' jedhu isa bakka bu'uudha. kana keessattis an namfakkii jedhun fudhe.

Yaada kana irraatti Fedhesaan, (2019:144) yoo ibsu,"namoota barreessaan kalaqamanii, seenaa diraamaa tokkoo fuuldura deemsisan namfakkiilee jedhamu. Bartaphee keessatti namfakkiilee kan jedhaman kun waltajjiirratti taatotaan ba'anii mul'atu. Namoonni waltajjiirratti seenicha ta'anii dhiyeessan kunis taatota jedhamu" jedha.

Namfakkiin qooddattoota hojii kalaqaa keessatti argamanidha. Kunis namoota fiilmii keessatti maqaan itti mogga'ee foon uffatanii amala adda addaa qabaachuun akkuma nama isa dhugaatti addunyaa kana irra lubbuudhaan jiruu kan dubbatan, kan gaddaan, kan dhukkubsatan kan, gammadan , kan jibban , kan jibbaman , kan jaalatan kan jalataman, kan nyatanii fi kan dhugan ta'anii namoota addunyaa fiilmii keessatti argamanidha . Namfakkiin kunis namfakkii marsaafi namfakkii diriiraa jedhamuun bakka lamatti qoodamu.

Misgaanuu,(2012) Namfakkiin marsaan kallattii adda addatiin kan kalaqame ta'ee amala wal xaxaa kan qabudha . kuniskayyoo isaa galmaan ga'uuf yommuu tattafatu gufuu yookan rakkinni kan isaa mudatudha.Namfakkiin diriiraan immoo battaluma seenaa fiilmii keessatti hirmaachuu eegalaniin eenyummaa fi maalummaan isaanii kanbaraamudha. Jireenyi naafakkii kanas kallattii

garaagaraan kan kalaqame miti .Aamala murtaa'aa irra deddeebi'amee mul'atu waan qabaniif haala salphaan yaadatamuu kan danda'anidha.

### 2.5.4 Waldiddaa

Waldiddaa jechuun waliitti bu'insa yookiin walii galtee dhabuu namoota gidduutti uumamu jechuudha. Fedhasaa, (2013:79) Akka yaada kanaatti jireenya dhugaa keessatti namoonni bu'aa ba'ii jireenyaa hedduu waliin wal'aansoo wal qabaa kan oolu jiraachuuf yookiin fedhii guuttachuuf namoota garaagaraa waliin hariiroon kan namfakkoota gidduutti uumamuudhaan kan adeemsifamudha. Waldiddaan kun immoo waldiddaa keessaafi waldiddaa alaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Waldiddaan keessaa namfakkiin tokko yommuu sammuu miira, yaadafi waan kana fakkaatan kan isaa waliin waliti bu'uu kan uumamuudha. Waldiddaan alaa immoo kan namfakkiin tokko namfakkii(taatota) biroo waliin walitti bu'u kan uumamuudha.

### 2.5.5 Yoomessa

Gochaan tokko bakka itti raawwatuufi yeroo itti raawwatu qaba. Misgaanuu, (2012:13)n yaada kana yoo ibsu,''Fiilmii keessatti yoomessa jechuun bakkaafi yeroo namfakkileen fiilmichaa gochaan itti raawwatan jechuudha. Yoomessi bakka, yeroofi haala hawaasummaa seenaan tokko keessatti raawwatame kan agarsiisudha"jedha.

Kanas Fedhesaan,(2019:144) yoo ibsu,"yoomessi waltajjii diraamaan sun irratti dhiyaatu yemmuu ta'u, yeroo, bakkaafi haala diraamichi keessatti dhiyaatu hunda haammata"jechuun ibsa.

### 2.5.6 Ergaa

Ergaan Fiilmii waan jiruufi jireenya dhala namaa keessatti haala qabatamaan waan nama mudatuufi mudachuu dandanda'u kallattiifi alkallattiin kan darbu yookaan mul'atudha. Misgaanuu,(2012:27) yaada kana yoo ibsu, ''Fiilmii ergaa dabarfachuu barbaadeen madaalama,''jedha. Kana jechuun fiilmiin tokko kan hawaasa yookaan daawwattoota biratti jaalatamu yoo ergaa dhandhama qabu of keessatti hammatedha.

Akka waliigalaatti immoo ergaan kallattiifi alkallattiin darbuu danda'a. Ergaan kallattiin darbu kan namfakkiin addunyaa fiilmii keessatti fedhii qooddattotaafi gochi isaan raawwataniin ifa kan ta'edha. Ergaan alkallattiin darbu immoo kan alkallattiin fiilmicha keessatti argaman yookaan mul'atanidha.

Kana jechuun ergaan darbu waan biroon haguugamee karaa dhokataan ergaa kan dabarsudha malee akka ergaa kallattii taatotaan kallatumaan kan mul'atu miti. Ergaa kana kan hubatan warreen hubannoo qaban yoo ta'e malee namni hundi hubachuudhaaf niulfaata.

## 2.6. SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

Mata duree kana jelatti qorannoowwan mataduree kanaan walfakkaatan waraqaawwan eebbaa muraasa barattoonni digirii tokkoffaan qoratamanii jirantu sakatta'amuun ilaalamu. Waraqaawwan eebbaa kunniin baayinaan mata duree kana irratti hingeggeefamne, kanneen muraasni jiranis kallattiin qorannoo kanaan kan walfakkaatu miti. Haa ta'uuti muraasumti yookaan qorannoon lama sadii hincaalle akka armaan gadiitti akkata bara isaaniitiin dhiyaataniiru.

Waraqaan eebbaa qorannoo kanaan walfakkaatu inni duraa qorannoo Ergaa asoosama irratti bara 2003/11 hojjetame, mataduree Xiinxala Ergaafi Waldiddaa Asoosama Imaana Imaltuu jedhu, kan Addunyaa Gabbsaan hojjietameedha. Qorannoon kunis boqonnaa afuritti qoodame kan dhiyaatedha. Boqonnaa tokko seensa qorannichaa yoo ta'u, boqonnaan lama sakatta'a barruuti Innis sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkiiti. Boqonnaan sadii seccaatii ragaa yookaan xiinxala ergaafi waldhabbii osoosamichaa yoo ta'u boqonnaan afuraffaan immoo cuunfaa, argannoofi yaada furmaata qabatee kan dhiyaatedha. Qorannoo kanas kan walfakkeessu hojii kalaqaa irratti hojjetamuu isaafi ergaa isaa irratti hojjetamuu isaati. Qorannoon kunis boqonnaa afuritti qoodamee kan dhiyaatedha.

Inni biraan immoo qorannoo Firoomsaa Abdallaahiin bara 2010/18 mata duree Xiinxala Waldhabbii Diraamaa Gumaa hojjietameedha. Qorannoon kunis boqonnaa afuritti qoodamee kan dhiyaate yemmuu ta'u. Boqonnaa tokkoffaa keessatti seensa Qorannichaa kan dubbatu yoo ta'u boqonnaa lama keessatti Sakatta'a Barruu yaadrimeefimaalummaa, Maalummaa diraamaafi Sakatta'a Barruu Walfakkii Kan ofkeesse qabuudha. Boqonnaan sadii dhiyeessa xiinxalafi ibsa ragaalee of jelatti qabatee seenaa diraamichaarraa kaase waldhabbii diraamichaa kan dhiheesseedha. Boqonnaan afur guduunfaa, argannoofi yaada furmaata qabatee kan dhiyaatedha. Kan qorannoo kanan walfakkeessu hojii fiilmii( diraamaa) irratti hojjetamuu isaati. Kan adda isaan taasisu garuu waan hedduutu jiru fakkeenyaaf inni sun diraamaa gumaadha, Waldhabbii irratti kan hojjietameedha.

Inni sadaffaan qorannoo Gadaa Bakariin Mata duree Qaaccessa Waldiddaa Fiilmii Afaan Oromoo Cancala Jaalalaa jedhu bara 2010/18 hojjietameedha. Qorannoon kunis boqonnaa gurguddoo afuritti qoodamee kan dhiyaateedha. Boqonnaan tokkoffaan seensaa qorannochaa qabatee kan dhiyaate yemmuu ta'u boqonnaa lama jelatti Sakatta'a Barruu yaadrimeefi maalummaa fiilmii kan ofkeessatti qabatee dhiyaate yemmuu ta'u garuu Sakatta'a Barruu Walfakkii hinqabu qorannoo kanaaf immoo akka hanqinaatti ilaalamuu danda'a yookaan hanqina isaati. Boqonnaan sadii keessatti immoo dhiyeessiifi qaaccessa ragaalee qabatee dhiyaate, boqonnaa afuriifi inni dhumaa cuunfaa, argannoofi yaada furmaata qabatee kan dhiyaateedha.

# BOQONNAA SADII:  MALAAWWAN QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana yeroon gaggeessutti odeeffannoo fiilmicha irraa  walitti qabuun/funaanuun, jechootan funaane immoo jechaan waanin ibseef malli qorannoo kanaaf dhimma itti ba'ame mala qorannoo addeessati.

## 3.2 Madda Ragaalee

Maddi ragaa qorannoo kanaa maddeewwan ragaa jiran keessaa madda ragaa tokkoffaatti kan dhimma ba'ame yoo ta'u innis, ragaa dookumentiiti. Ragaan Kunis fiilmii mata dureen isaa eelaa jedhamuudha.

## 3.3 Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Mlli Iddatteessuufi Iddattoo qorannoo tokko adeemsisuu keessatti isa murteessaadha, kunis dhimma qorannoo sana ilaallatu qofa irratti xiyyeeffachuuf, waa'ee dhimma sanaa odeeffannoo ga'aa kennuufi waan kana fakkaataniif barbaachisaadha.

### 3.3.1 Mala Iddattoo

Qorannoon kun qorannoo fiilmii afaan Oromoo Eelaa irratti kan xiyyeeffatedha. Fiilmiin tokko immoo caacculeewwan mataa isaa qaba. Anis caacculee fiilmichaa keessaa ergaa  isaa filachuun qaaccesseera. Anis qorannoo kana gaggeessuu keessatti mala iddatteessuu mi-carraa/alcarraan keessaa mala akkayyoo yookiin kaayyeffataatti dhimma baaheen jira. Sababni isaas caacculeewwan Fiilmii Eelaa keessaatti naaf ta'a jedhee ergaa isaa filachuun qaaccesseera.

### 3.3.2 Mala Iddatteessuu

Malli Iddatteessuu qorataan kun itti dhimma ba'e mala Iddatteessuu miti carraa yookaan al carraa keessaa mala akkayyootti kan fayyadameedha.

### 3.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Galma ga’iinsa qorannoo tokkootiif meeshaalee ragaan ittiin funaanaman garaagaraa fayyadamuun amanamummaa oddeeffannoo tokkoo cimsuuf akka ta’u nibeekama . Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuuf anis adeemsa viidiyoo fiilmii kanaa ilaala yaadannoo qabachuun kan dhimma itti baheedha.. Anis fiilmii kana irra deddeebiin ilaaluun yaadannoo qabachaa ilaaluu, ilaalaa yaadannoo qabachuun jalqabaa hanga dhumaatti kan qaaccesseedha.

### 3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoon akkuma funaanamu, odeeffannoo xiinxaluun/hiikuunis haala gaariidhaan geggeefamuun barbaachisaadha. Kanaafuu, mala qaaccessa ragaa gorataa kanaa, ragaalee fiilmicha keessaa funaaname qaaccessuudha.

# BOQONNAA AFUR

# 4 DHIYEESSAFI QAACCESSA RAGAALEE

**Seenaa Fiilmii Eelaa gabaabinaan**

Fiilmiin eelaa fiilmiiwwan afaan oromoo keessaa fiilmii seenaa guddaa qabuudha. Fiilmiin eelaa kunis nama barreesaa asoosamootaafi fiilmii kan ta'e Abraham Jaallataa jedhamuun kan barreeffameedha. Daayrikteerri fiilmichaas barreessichuma yoo ta'u, Gargaaraan daayrikteeraa immoo Saamu'eel Tasfaayeeti. Ediitarri( gulaaltuun immoo Maartaa Suraafeel nama jedhamtuudha. Fiilmiin kun walii gallisaa sa'atii sadi'iifi daqiiqaa kudha sagal (03:19) yoo ta'u taatota kudhan kan ta'an ofkeessaa kan qabuudha. Isaanis

1. Ascaaqech Haailuu

2. Faanaa Isheetuu

3. Biqilaa Fiqaaduu

4. Haailuu Alamuu

5. Geetachoo Gaaddisaa

6. Mintawaab Haailuu

7. Taliilee Waaqwoyyaa

8. Aidaa Kabbadaa

9. Madalaawwit Korra

## 4.1. Ergaa Hawaasummaan Walqabate

Gama haaasummaan wal qabatee ergaan Fiilmii kana keessatti mul’atan wal jaalachuu, wal gargaaruu, wal kabajuu, waliin gadduu, waliin gammaduu, waliin nyaachuu, wal gorsuu, wal jibbuu, walitti bu’insaafi waliin jireenyadha.

Kanaaf, ergaan gama kanaan hawaasaaf dhiyaate akkuma addunyaa dhugaa keessa jiru addunyaa fiilmii keessas jiraachuu isaa kan hubannuudha. Gama hawaasummaan wal qabatee

ergaan Fiilmii kana keessatti mul’atu wal jaalachuu, fakkeenya: Caaltuufi Rabbirraan jaalalli isaan waliif qaban cimaadha. Kunis Caaltuun, erga hojjettuu isaanii taatee Rabbirraan jaalalaafi kabaja isheef qaburraan kan ka’e akka isheen barattee nama guddaa taatuuf barumsa eegalchise. Caaltuunis jaalala isaaf qabdu irraa kan kaate yeroo Rabbirraan carraa barnoota biyya alaa argatu kennaa bittee kennuufii waan hindandeenyeef kennaa innis, iseenis dagachuu hindandeenye akkasuma deebi'uullee hindandeenye tokkottii qabdu kan uumaan isheef kenne durbummaa ishee kennuufiidhaan jaalala isaaf qabdu mul’iste.

Gama wal kabajuun yoo ilaalle, Caaltuufi Rabbirraan nama kamiifuu kabaja kan kennaniidha. Fakkeenyaaf, Rabbirraan ogeessa fayyaa ta’ee yeroo hojjetutti, dhukkubsattoota hunda kan kabajuufi hojii isaaf amanamaadha. Kanumarraa ka’uudhaan yeroo Rabbirraan carraa barnoota biyya alaa argatu, hawaasni gaggeessaa Rabbirraaf godhan kennaa isaaf kenname , ergaa badhaasa sanaa waan guddaafi haala meeqaan hiikaa kennuun kan argamudha. Kunis jaalalaafi kabaja inni hojjettootaafi hojii isaaf qabu irraa kan ka’eedha. Kanaafuu, ergaan gama kanaan hawaasaaf dhiyaate akkuma addunyaa dhugaa keessa jiru addunyaa fiilmii keessas jiraachuu isaa kan hubachiisudha.

Gama waliin gadduutiin immoo yeroo Caaltuun maatii Rabbirraatiin hacuucamaa turte hiriyyoota Rabbirraa kan turan Surraafi Sanyiin hacuuccaa Caaltuurra gahe kanaaf baay’ee gaddu. Kana malees, Surraan yeroo du’aan addunyaa kanarraa boqotu Caaltuu, Sanyiifi Rabirraatti gadda guddaatu dhagahame.

Itti dabalees, gama wal jibbuun yoo ilaalle, haati Rabbirraa qooddattuu olaantuu kan taate Caaltuu baay’ee jibbiti. Kunis yeroo Caaltuu garaatti hafe, irraa kaastee kan isheen mucaa garaa isheetii baate, kan jaalalaaf jecha ofharkaa baaste ilaaluuf deebitetti akka sareetti ilaalamtee, ilmmoo dhalte sanas dhabdee deebitetti gocha ta’edha. Ergaa kana irraa kan hubannuu akkuma addunyaa dhugaa keessatti wal jibbuufi walii gadduun jiru, addunyaa fiilmii keessas kan jiraatudha.

Taatonni sadaarkaa hawaasummaatti yoo ibsaman taatota addunyaa fiilmii keessatti hariiroo yookiin walitti dhufeenya inni hawaasa waliin qabu ilaaludha. Kunis qooddataan tokko jireenya hawaasummaa keessatti gahee inni taphatu irratti xiyyeefachuun uumuun ni danda’ama. Kana jechuun, wanta hawaasa keesatti taasifamu waliin kan wal qabatudha. Keessumaa gama ergaa

qooddattootaa kanaan wal qabatee ogeessonnii fayyaa yeroo isaan fayyaa hawaaasa isaanii akka eeganiif qacaramaniidha. Namoonni sadarkaa hawaasaafi hawaasa gargaaruuf halkaniifi guyyaa tajaajilee erguun kanneen akka; Surraa, Sanyiifi Rabbirraa fa'a akka fakkeenyaatti fiilmii kana keessatti fudhachuu ni daandenya. Akka walii galaatti, qooddataan tokko hawaasa keessatti maal akka hijjetu sadaarkaa jireenya maatii isaafi walitti dhufeenya hawaasa keessa jiraatu waliin qabu sadaarkaa ittiin ibsamudha.

### 4.1.1 Ergaa Xiinsammuun Walqabaate

Addunyaa fiilmii keessatii taatonni sadaarkaa xiinsammuutti yommuu dhiyaatu irraa caalaa sansaka yookaan wanta qabatamaa hintaaneefi qabatamaa ta'e keessatti yaada adda addaa facaasuun hiika barbaaduufi ergaa barbaachisaa yookiin ofiisaa barbaade keessa dabarfata . Kunis, kan irraatti xiyyeeffatu hawwii, fedhii, jaalalaa, jibbaafi qabeenya irrattidha.

Walumaagalatti, yeedaloofi miirota sammuu qooddataa keessatti mul'atan kan qooddataan tokko dhuunfaa isaatiin qabuudha. Fiilmii eelaa keessatti ergaan goobangaleessa ta'eefi seenaa Fiilmii sanaan kan wal qabate Rabbirraadha. Yeroo inni mucaa isa xiqqaa maqaa gaafatuufi obboleetti isaa Simboo waliin nyaata nyaatu kan argamuudha. Gama miidhamuu xiinsammuun garuu, mucaa Rabbirraa kan taate Siifan Rabbirraa jedhamuun kan haati ishee Caaltuun moggaasteef yeroo abbaan ishee badhaasafideefiharkaatti kennuuf jecha isheen abbaa isheef dhiyeessite sun ergaa guddaa kan qabuufi sadaarkaa kanatti kan sammuu namaatti dhagahamuun kan namaa yaachisudha.

### 4.1.2 Ergaa Eenyummaan Walqabate

Taatonni Fiilmii Eelaa eenyummaa sabaa ofiifi eenyummaa mataa ofiif iddoo guddaa kan kennan ta'anii argamu. Fiilmii kana keessatti eenyummaa isheef hacuuccaan kan irraa gahaa ture, qooddattuun olaantuun Caaltuu turte. Isheenis ofii isheef jecha kan haacuucamaa turteedha.

Fakkenyaaf, yeroo Caaltuun mucaa ishee ilaaluuf deemtu, haatii Rabbirraa mucaa dhoksuun waardiyaa isaanii kan ta'e Obbo Tulluu kan jedhamuun Caaltuu gadi darbachiiste. Ammas yerooo biroo yommuu dhuftu akka manni gurgurametti nama biroo achi keessa kaa'uudhaan Caaltuu sadaarkaa maraatummaa irraan geessisan. Kunis, humnaafi maallaqaa qaban fayyadamuun hacuuccaa kan irratti adeemsisaniidha. Ergaa hawaasni kanarraa hubatu qabatammummaan isaa akka hawaasa keessa jirudha .

### 4.1.3 Ergaa Jaalalaan Walqabate

Akkuma dhalli namaa addunyaa dhugaa keessatti sadaarkaa adda addaatiin walitti dhufuun jaalalli argamu fiilmii kana keessattis argame jira. Eega Jaalalli eegalee booda hariiroo uummataanii, waliif yaaaduun, waliif kan dhiphataniidha. Akkasumas, addunyaa Fiilmii keessattis ni mul'ata. Kunis, jaalala yeroo jedhamu akka walii galaatti yoota'u gosa adda addaatu jiru. Isaanis kanneen fiilmii kana keessatti mul'atan kan akka jaalala hiriyaa, jaalala biyyaa, jaalala lammii ofiifii, jaalala haadhaafi abbaas kan keessatti mul'atuudha. Jaalala lammmii yookiin sabaa kan jedhamu Fiilmii eelaa keessatti miseensota dhaabbataa dabalatee hedduutu ergaa jaalala keessaan dabarsu. Keessumaa yeroo Rabbirraan carraa barnootaa argatee deemuuf jedhu kan uumameefi mul'atedha.

Kanaan waalqabatee qooddataa muummeen yeroo isaan Fiilmii kana keessatti jaalala mucaa isaafi saba isaatiif qabuufi umurii isaa guutuu lammii isaaf kan dhiphaatudha Fiilmii kana keessatti Rabbirraafi Caaltuutu dhimma kanaan wal qabatee kan uumamedha. Akka walii galaatti, Fiilmiin afaan Oromoo keessati argaman halaa adda addaan uumamuun hawaasaaf ergaa adda addaa dabarsuun seenaa hundeefi qabiyyee bal'aa qabu kan mul'isudha. Yeroo Rabbirraan mucaa xiqqoo maqaa gaafachuun sanyii isaa isa lakkoofsisu haalaan kan ergaa namaaf dabarsuudha. Keessumaa haala qabatamaa hawaasaa waliin walqabate jechuudha. Caaltuunis yeroo mucaa ishee dhabde, namni akka obboleessaafi obboleettitti ishee gargaaraaa ture Obboo Surraan du'aan addunyaa kanarraa boqotan Caaltuun rifachuudhaan kan maraattedha. Sana boodas, carraan ishee adunyaa kana gadi dhiisuun du'aan boqotte.Ergaa kana irraa hawaasni wanti inni hubatu jaalalaan waliin jiraachuun tokkummaa akka cimsu ni hubatama.

## 4.2 Ergaa Diinagdeen Walqabate

Kana keessatti haalli dinadgee kan mul'atu Caaltuun hiyyummaatin rakkachaa kan turte yommuu taatu, maatiin Raabbirraa immmoo diinagdeen isaanii gaarii waan ta'eef jireenya qananii jiraachuu isaaniti. Ergaa kana irraa kan hubatamu, qabeenyi gahaan yoo jiraate immoo haala gaariin jiraachuun akka danda'amudha. Caaltuun qabeenya dhabuu irraan kan kaate hojjettuu mana namaa ta'uun rakkachaa turte. Hojjettuus taate osoo jirtuu jaalalli qabeenyaan waan hindaangofneef Rabbirraa jaalatte. Rabbirraanis tuffii tokko malee jaalalaan yeroo muraaasaaf waliin turan. Turtii yeroo muraasaa kana keessattis Caaltuun ulfaa'uudhaan, mucaa

godhatte. Rabbiraanis carraa barnootaa biyya alaa waan argatteef, Caaltuu maatii isaa bira geessuun Caaltuun akka barattu abbaa isaatiin haala mijeesseefi. Garuu haatii Rabbirraa Caaltuun hojjettuu isaanii waan taateef baay'ee jibbiti. Caaltuufi Rabbirraan akka isaan waliin jijraatan hin barabaddu. Sababni isaas: Caaltuun qabeenya waan hin qabneef akka namaa gadiitti ilaalti. Kunis yeroo Rabbirraa argitu yaada Rabbirraa deeggarti. Yeroo kana garuu, kan Rabbirraan haadha mana godhatee mucaa tokko irraa qabu sana akka bineensaatti itti garagaluun of irraa faccifti. Kanaaf, Fiilmii Eelaa keessatti ergaan gama isheetiin darbu dhugaan ala kan jiruu miti. Kunis Aduddunyaa dhugaa keessatti kan mul'atudha.

Walumaagalatti, Caaltuun sababa qabeenya dhabuutiin kan ka'e jaalalaafi kabaja dhabuun addunyaa kanarraa boqotte. Yaada kanarraa waanti hubannuu qabeenya qabaachuun akka namaa olitti nama ilaalchisufi kabaja namaaf laachuu yoo ta'u, qabeenya dhabuun immoo akka namaa gadiitti kan nama ilaalchisu ta'uu isaa agarsiisa.

Garaagarummaan ilaalchaa dhaloota gidduutti nimul'ata. Ilaalchi kunis, ilaalcha namoonni baratan namoota hinbaranneef qabaniifi namoonni qabeenya qaban namoota qabeenya hinqabneef qaban jechuudha. Ilaalcha kanas qoqqoonnee yoo ilaalu,garaagarummaa ilaalchaa dhaloota gidduu jiru gama qabeenyaaniifi garaagarummaa ilaalchaa dhaloota gidduu jiru gama barnootaan yoo ilaaluu:

### 4.3. Garaagarummaa Ilaalchaa Dhaloota Gidduu jiru

Garaagarummaan ilaalchaa dhaloota gidduu jiru gama barnootaafi gama qabeenyaan Fiilmii kana keessatti nimul'atu.

#### 4.3.1. Garaagarummaa Ilaalchaa Dhaloota Gidduu Jiru Gama Barnootaan

Namoonni barnoota dhabuudhaan ilaalcha dogoggoraa garaagaraa waliif qabaachuu danda'u. Yaada kanas fiilmii kanaan walqabsiisnee yoo ilaalle, haati Rabbirraa ilaalcha iseen ilmoo isheef qabduufi hojjettuu isaanii Caaltuuf qabdu garaagara. Fakkeenyaaf, yeroo Siifan haadha Rabbirraatiin abbaafi haayyoon waliin dhufuu jettee gaafattu, haati Rabbirraa Siifaniin qabdee rukutuufi qimmiiduun ani haadha kee mitii? Simboon kan baattee si guddifte haadha kee mitii? Jechuun itti dheekkamte. Kana irraa hubachuu kan dandeenyu, haati Rabbirraa ilaalcha gadi

aanaa Caaltuuf qabdu irraa ka’uun akka Siifan eenyummaa haadha ishee hinbarre gochuuf yaalii isheen taasifterraa hubachuu dandeenya.

Gama biraatiin immoo, Rabbirraan barnoota yookaan beekumsa waan qabuuf Caaltuu akka hojjettuu isaatti osoo hin taane, akka nama baratee bor jijjiiramuu danda’uutti ilaaluu isaa hubanna. Haati Rabbirraa garuu beekumsa dhabuushee irraan kan ka’e yaada dogoggoraa Caaltuuf qabdu irraa ka’uun mana ishee keessatti jechoota adda addaatiin sammuu ishee miidhaa turte. Fakkeenyaaf, jechoonni isheen ittiin jechaa turte kanneen akka sagaagaltuu gandaafi karaa deemtuu ormaa ittiin jechuudhaan sammuu ishee miidhaa turte.

### 4.3.2 Garaagarummaa Ilaalchaa Gidduu Jiru Gama Qabeenyaan

Namoonni qabeenya irratti hundaa’uudhaan ilaalcha garaagaraa waliif qabu.Yaada kanas fiilmii kanaan walqabsiisnee yoo ilaaluu: Haati Rabbirraa ilaalcha isheen Caaltuuf qabdu sababii Caaltuun rakkattee, hojjettuu isaanii taateef akka Rabbirraan Caaltuu waliin gaa’ela hinraawwanne gochuuf shira hedduu Rabbirraafi Caaltuu gidduutti xaxaa turte. Kunis, haati Rabbirraa dandeettii sammuu isheetiin osoo hintaane qabeenya dhabuu isheetiin Caaltuu akka namaa gaditti ilaaluun hacuuccaafi miidhaa turuun akka Rabbirraafi Caaltuun waliin hinjiraanne gochuuf tattaaffii guddaa goote.

Yaada kanarraa kan hubannu, qabeenya qabaachuun akka sanyii beekamaatti, nama gaarriitti yookaan bareedaatti waan kana fakkaatanitti ofilaaluudha. Namoota qabeenya hinqabne immoo akka sanyii tuffatamaatti yookaan gadi aanaatti, wallaallaa, fakkisaatti akka ilaalaman hubanna. Kanaan walqabatee ilaalchi kun fiilmii kana keessa qofa osoo hintaane dhugummaan isaa hawaasa bal’aa keessattis kan mul’atudha.

# BOQONNAA SHAN

# CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jelatti yaadota muraasa yookaan cuunfaa, argannoofi yaada furmaata/ yabootu gaabaabinaan kan jelatti dhiyaatudha. Isaanis akka armaan adiitti kanatti kan dhiyaatuudha.

## 5.1. Cuunfaa

Ogbarruun kuusaa jiruu- jireenya nama dhuunfaa, hawaasaafi dabarsa aadaa uummataati. Ogbarruun galmee jiruufi jireenya ilma namaa hubannoo, beekumsa, muuxannoo hawaasaa gabaabseefi miidhagsee uumuudhaan kan ibsudha. Fiilmiin damee ogbarruu keessaa tokko ta’ee, wantoota dhalli namaa addunyaa dhugaa kana keessatti raawwatan fakkeessuudhaan akka sammuu namaa keessatti suura uumuu danda’uun barreessaan taatota itti uumuun kan dhiyaatudha.

Qorannoonko kun qaaccessa ergaa Fiilmii Eelaa jedhu irratti kan xiyyeeffatedha Qorannoonko kunis boqonnaalee gurguddoo shanitti qoodamee jira. Boqonnaa tokkoffaa keessatti seen-duubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannicha kan of keessatti hammatedha.

Boqonnaa lama jalatti immoo sakatta'a barruutu dhiyaate. kunis dhimmoota qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qaban sakatta’amanii dhiyaatanii jiru. Kanneen ibsamanis ibsa ogumaa, maalummaa ogbarruu, faayidaa ogbarruu, maalummaa fiilmii, caacculee fiilmii jelatti; seenaa, Namfakkii, waldiddaa, yoomessa, ergaafi sakatta'a barruu walfakkii kan ilaalameedha.

Boqonnaa sadi jalatti qorannoo kana adeemsisuu keessatti malli qorannoo dhimma itti ba'ame mala qorannoo addeessaati. Madda ragaa tokkoffaattiin dhimma ba'ee jirra. Meeshaan funaansa raga dhimma itti baane cheeklistiidha. Haaluma kanaan, boqonnaa afur jalattis gaaffileewwan bu’uura ka’an qaacceffamanii kandhiyaataniidha. Boqonnaan shan immoo Cuunfaa argannoofi yaada furmaataatu dhiyaate.

## 5.2 Argannoo

Qorannoo kana keessatti argannoowwan argaman kanneen armaan gadiiti.

Ergaa hawaasummaan walqabate jechuun kanneen akka jaalalaa, jibbaafi eenyummaan walqabateedha. Ergaa jaalalaan walqabate Fiilmii kana keessatti argamus: jaalala hiriyyaa, jaalala abbaafi haadhaa nimul'ata. Jaalalli hiriyyaa kunis, Fiilmii kana keessatti mul'ate: Surraa, Sanyiifi Rabbirraan jaalala hiriyyummaa cimaa kan waliin qabaniidha. Jaalalli abbaafi haadhaa immoo jaalala haatiifi abbaan ilmoo isaaniitiif qabaniidha Fiilmii kana keessattis haati Rabbirraa jaalalli isheen Rabirraaf qabdu kan mul'ateedha. Rabbirraan ilmoo isaa Siifaniif qabu mul'atee jira.

Eenyummaan, eenyummaa saba ofiifi eenyummaa mataa ofii kan of keessatti hammatuudha. Ergaan eenyummaan walqabatee Fiilmii kana keessatti mul'ates: Rabbirraan hawaasa isaa ogummaa qabuun tajaajiluuf jedhee yommuu inni baadiyaafi magaalaa jedhee osoo addaan hinqoodiin tajaajilu kan mul'ateedha. As keessatti eenyummaan ofiis kan mul'ate yommuu Caaltuun mucaa ishee Siifaniin ilaaluuf deemtu haati Rabbirraa mucaa ishee jalaa dhoksuun waardiyaa isaanii kan ta'e obbo Tulluutiin yommuu Caaltuu gadi darbachiistu kan mul'ateedha.

Diinagdee jechuun qabeenya namoonni kallattii garaagaraatiin kuufatan jechuudha. Fiilmii kana keessattis ergaan gama diinagdeen walqabatee darbe ni jira. Kunis Caaltuun qabeenya dhabuu irraa kan ka'e dararamaa kan turteedha. Dhugummaan kunis qabatamaan hawaasa keessa ni jira.

Garaagarummaa ilaalchaa gama barnootaan jechuun, ilaalcha namni barate qabuufi namni hinbaranne qabu jechuudha. Fiilmii kana keessatti ergaan gama kanaan darbu ni jira. Kunis ilaalcha haati Rabbirraa qabduufi Rabbirraan qabu gama barnootaan kan ibsamuudha. Garaagarummaa ilaalcha gama qabeenyaan jechuun immoo namni tokko yookiin hawaasni tokko ilaalcha isaan nama qabeenya qabuufi nama qabeenya hinqabneef qabaniidha. Fiilmii kana keessatti haati Rabbirraa ilaalcha gama qabeenyaan qabdu namni qabeenya qabu akka kabaja guddaa qabuufi namni qabeenya hinqabne immoo akka waan kabaja hinqabneetti kan ilaaltuudha. Garaagarummaa ilaalcha gama barnootaafi gama qabeenyaan jiru akkuma dhugummaan isaa addunyaa fiilmii keessa jiru addunyaa dhugaa keessa jiraachuu isaati.

## 5.3 Yaboo

Fiilmiiwwan afaan oromoo barreeffaman/ hojjetaman haala fiilmii kanaatiin osoo barreffamanii gaarii ta'a

Gara fuulduraatti karaa muummee afaan oromootiin fiilmiiwwan garaagaraa irratti qorannoon gaaragaraa osoo geggeeffamee gaarii ta'a.

Caacculeewwan Fiilmii Eelaa hafan irratti qorannoon osoo gaggeeffamee gaarii ta’a.

Barnoonni waa’ee fiilmii Eelaa ilaallatu bifaa gorsaatiin hawaasaaf osoo kennamee gaarii ta’a.

## Wabiilee


Asafaa Tafarraa.(2009**).** *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Tradi. PLC.

Fedhasaa Taaddasaa.(2019). *Bu'uuraalee Ogbarruu***.** Finfinnee: Subi Printing Press.

Melakneh Mangistuu.(2006). *Fundamentals Of Literature*. Addis Abeba: Comarcial Printing Press.

Misgaanuu Gulummaa. (2012).*Yandoo: Ogummaafi Ogwalaloo Oromoo.* Finfinnee: Oromiyaa.

____________________.(2012). *Guuboo Seenaa.* Finfinnee: Subi Printing Press.

Tafarii Nugusee.(2008).*Fundamental of Lietrature.* Ambo Univarsity:Unpublished Module.

Wasanee Bashaa. (2008). *Bantuu Haaraa*. Finfinnee: Emay Priners.

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaa qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuuniversiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uukoo mallattoo kootii mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa______________________________**

Mallatoo_________________________

Guyyaa__________________________

**Maqaa Gorsaa ______________________________**

Mallattoo___________________________

Guyyaa__________________________